**Uummanni Oromoo Godina Lixa Shawaa Magaalaa Amboo Humnaa fi Dirqamaan EPRDF Deggeree Akka Hiriira Bahuuf Ajajii fi Qajeelfama Aangawoota Wayyaanee Irraa Kallattiin Qophaayeef ,Jiraattoti Aanaa Amboo Diddaan Dura Dhaabachuuf Qophiitti Jiru.**

Uummaata Oromoo Godina Lixa Shawaa Magaalaa Amboo fi Gudar irratti duula Olola Afaan faajjii uummuuf jecha Mootummaan Abbaa Irree Wayyaanee Magaalaa Amboo irratti uummata dirqisiisee hiriira Waxabajjii 22/2014 baasuuf jiru dura dhaabbachuun dirqama ilmaan Oromoo hundaati!!.

Wayyaaneen hiriira kana Yeroo lama uummata Baasuuf yaalii gootee diddaa uummataan kan duraa fashalaa'ee yoo ta'uu yeroo 3ffaaf uummaata dirqisiisuu fi shororkeessuu irratti argamti. Haala uummata Oromoo kessaattuu jiraattoota Magaalaa Amboo yoo hiriira kana baatanii hin hirmaattan ta'ee Rakkinoota Armaan Gadii kanatu isin eeggata jechuun uummata shororkeessuu irratti argamti:

1. Manneen daldalaa keessan ni cufama,

2. Gaaffii tokkoo malee hidhaa baatii sadii hanga jahaatiin adabamtuu,

3. Ijoolleen keessan bakka isin arguu hin dandeenyetti hidhamu,

4. Namoota asiin fuldura FDG keessatti hirmaatanii ajjeefamaniif itti gaafatamtu,

5. Warraaqsaa FDG mootummaa garagalchuuf godhamaa jiruuf itti gaafatamtu jechuun uummaata humna waraanatti fayyadamuun maqaa garee fi gooxii jedhuun walitti qabuun sodaachisuuf olola kana oofa jiran illee uummaanni gochaa shororkeessuummaa mootummaan Wayyaanee Oofaa jiru kana balaaleffachuu irratti argama; kanaan wal qabatee uummaanni nagaan qe'ee isaa irra qabamee hidhamaa jira.

Yeroo kanatti Uummaanni Oromoo Magaalaa Amboo fi nannawaa isheetti argaman dirmannaa uummata Oromoo Godinota Oromiyaa biro illee kan barbaadan ta'uu ibsuun gaaffii armaan gadii dhiyeeffachaa jiru:

1. Yaa Uummata Oromoo qe'ee keenya irratti ajjeefamnee, hidhamnee, reebamnee, dararamaa utuu jirruu, ajjeefamuun keenya sirriidha yakki nurratti raawwacha jiru kun sirriidha jedha hiriira nagaa ba'aa jechuun mootummaan abbaa irree faashistii wayyaanee nu dirqisiisa jira, akkeeka kana hin fudhannuu jennee sagalee keenyaa dhageesisuuf jirra bakka jirruu wal cina haa dhaabbannu. 2. Sochii warraaqsaa FDG mirga keenya sarbamee jiru kabachiifachuuf gaaffii karaa nagaa dhiyeeffannee rasasa loltuu wayyaanee EPRDF irra nuti dhukaafameen daa'imman waggaa torbaa fi manguddoon waggaa 80 kan keessatti argaman dabalatee ajjeechaan jumlaa dugugginsii sanyii (genocide) nurratti gaggeeffame jira, ammas ittuma fufee gaggeeffama jira. Yakka ulfaata sanyii ilma namaa irratti raawwatamuu hin qabne kanaaf mootummaan EPRDF/TPLF.OPDO'n itti gaafatamuu qaba. 3. Ilmaan keenyaa uummatni Oromoo Oromiyaa godinota hunda irraa kumootan kanneen lakka'aman balleessa tokko malee hidhamaa, ukkafamanii eessa buuteen dhabamaa jiru, haalduree

tokko malee hiikamuu qabu. 4. Gaaffii mirgaa karaa nagaa gaafachaa jirruuf deebiin nuuf kennamuu qaba. Master plaaniin Finfinnee haqamuu qaba. 5. Humni waraanaa dhaabbilee barnootaa fi magaaloota Oromiyaa weeraraa jiruu, fi waraannii nurra qubsiifamee nu dararaa jiruu nurra kaafamuu qaba. 6. Motuummaan nu ajjeesaa jiru EPRDF/TPLF/OPDO'n nuuf hirmiidha, diina uummata Oromooti, isaan nuuf warra gumaan keenya dachaan irra jirudha, kanaafuu wamicha walga'ii fi ergaa kamuu qaamni kun dabarsuu uummaanni Oromoo bakka jiruu hundaa akka hin fudhannee waamichaa Oromummaa isiniif dabarsina. 7. Mirgi namummaa fi dimookiraasii nurraa sarbamee jiru nuuf kabajamuu qaba. 8. Lammiiwwaan biyyattii sabaa fi sablammootni biyyatti Oromiyaa keessa jiraattan kanneen utuu Oromoo hin ta'iin nuti Oromoodha ofiin jechuun wayyaanee waliin olola afaan faajjii uumuuf hiriira hin barbaachifne uummata keenyarratti bahuuf wayyaanee jala fiigaa jirtan gochaa faashistumma kana irra akka of dhaabdan isiniif dhaamna. 9. Olollii maqaa hiriira bahaa jechuun mootummaan nu ajjeesee mirga keenya sarbee nu shororkeessa jiru oofaa jiru nurraa dhaabbachuu qaba, jechuun uummaanni Oromoo sabboontootni Oromoo, dargaggootni qeerroon barattootni Oromoo dhaamsa dabarfachaa jiru. Kanaafuu yaa Uummata bal'a Oromoo bakka jirruu dirmannaa waliif gochuun waamicha walii dhaga'uun tumsa barbaachiisu gochuun mirga keenya kabachiifachuuf wal cina dhaabbannee FDG jabeessuun bilisummaa keenya haa mirkaneeffannu jechuun dhaamsa waliigalaa dabarsaa jiru. Injifannoon Uummata Oromoof!!.

Gabaasa Qeerroo Amboo Waxabajjii 20/2014